Public Health
Seattle & King County

# Molluscum Contagiosum

**Kabajamaa Warra ykn Guddiftuu,**

**Waraqaan dhugaa kun isiniif kennamaa jira:**

- ☐ **Sababni isaas, ati ykn mucaan kee molluscum contagiosum jedhamuuf saaxilamtee ta'uu danda'a.**
- ☐ **Odeeffannoof qofa.**

---

## Odeeffannoo Waliigalaa Waa'ee Molluscum Contagiosum

**Molluscum contagiosum maalii?**

- **Molluscum contagiosum kan dhufu vaayirasii poxvirus kan gogaa gubbaa faaluuni.**
- **Infeekshinii gogaa barame yoo ta'u, gogaa irratti iita'uu geengoo fi dhukkubbii hin qabne kan fidudha.**
- Namni molluscum contagiosum qabu nama biraatti tamsaasuu caalaa kutaalee qaama isaa birootti tamsaasuu danda'a.

**Eenutu argachuu danda'aa?**

- Namni kamiyyuu molluscum contagiosum qabamuu danda'a.
- Daa'imman waggaa 1 hanga 10 ta'an irratti baay'inaan mul'ata.

**Mallattoowwan dhukkuba kanaa maalii?**

- Mallattoon isaa inni guddaan gogaa irratti cittoo xixiqqoo guddachuudha. Bu'aan yeroo baay'ee halluu foon, adii, keelloo ykn ifa ta'ee fi giddu galeessa isaa irratti boolla kan qabu dha.
- Ijoolleen yeroo baay'ee fuula, dugda, garaa, harkaa fi miilla isaanii irratti iita'a ni argatu.
- Ga'eessonni yeroo baay'ee garaa gadii, qaama saalaa fi sarbaawwan keessaa irratti iita kana argatu
- Iita'awwan kun yeroo baay'ee dhukkubbii kan hin qabneedha, yeroo tokko tokko garuu nama hooysis akkasumas iita'anii diimatuu danda'u.
- Iita'awwan kun ji'a 2 hanga 3 turuu danda'u.

**Akkamitti tatamsa'a?**

- Vaayirasiin kun iita'a gogaa irratti argamu keessatti argama.
- Gaafa iita'awwan sun hooqamu vaayirasichi gara kutaalee qaamaa birootti babal'achuu danda'a, kunis iita'awwan dabalataa akka uumaman taasisa.
- Namni tokko nama biraatti dabarsuu kan danda'u yoo iita'awwan gogaa isaarra jiran tuqee harka isaa odoo hin dhiqatin, eegaa gogaa nama biraa yoo tuqe.
- Meeshaalee dhuunfaa kan akka uffata uffannaa, fooxaawwan fi uffata qorraa halkanii waliif qooduudhaanis dadarbuu danda'a.

---

## Daa'imni Kiyya Molluscum Contagiosum Qabachu Akkamitti Beekaa?

Ogeessi eegumsa fayyaa tokko gogaa nama tokkoo irratti iita'awwan ilaaluun molluscum contagiosum adda baasuu danda'a. Yeroo tokko tokko saamuda iitawwan sanaa fudhatanii maaykirooskooppiidhaan ilaaluu danda'u.

**Yoo gaaffii dabalataa qabaattan ykn daa'imni keessan molluscum contagiosum qaba jettanii yaaddoo qabaattan, ogeessa fayyaa keessan qunnamaa. Waraqaan dhugaa kun odeeffannoo waliigalaa qofa kenna.**

---

## Yoo mucaan koo dhukkuba Molluscum Contagiosum qabaate hoo?

**Yoo daa'imni keessan Molluscum Contagiosum qabaate hatattamaan ogeessa kunuunsa daa'ima keessanii ykn mana barumsaa duraa beeksisaa.**

### Akkamitti yaalama?

- Iita'awwan yeroo baay'ee osoo madaa hin qabaatin ofuma isaaniitiin ni badu. Iita'awwan hundi akka waliigalaatti gara ji'a 6 hanga 18 keessatti ni badu, garuu hanga waggaa 4 fudhachuu danda'a.
- Ijoolleen iita'awwan faffaca'an, ykn iita'a takka qaban yaalamuun isaan hin barbaachisu.
- Waa'ee filannoowwan yaalaa ogeessa fayyaa keessan waliin haasawa.

### Akkamittan akkan molluscum contagiosum akka hin babal'anne gargaaruu danda'aa?

- Namoota dhuunfaa vaayirasicha qaban waliin gogaa gara gogaatti wal qunnamuu irraa of qusadhaa.
- Meeshaalee dhuunfaa kan akka fooxaa, uffata, fi saamunaa waliif qooduu irraa fagaadhaa.
- Keessattuu erga iita'awwan tuqxanii booda yeroo baay'ee harka dhiqachuu.
- Iitaawwan hooquu ykn tutuquu irraa fagaadhu, kunis akka iita'awwan gara qaama namaa irratti bakka biraatti waan babal'isuuf.
- Iita'awwan qulqulluu, qooraa, fi yeroo danda'ametti uffata ykn baandeejiidhaan haguugachuu.

---

## Daa'imni Kiyya Kunuunsaa Daa'immanii Irraa Mana Turuu Barbaachisaa?

**Lakki.** Daa'imman molluscum contagiosum'f saaxilaman, ykn dhukkubni isaanii adda baafame kunuunsa daa'immanii itti fufuu danda'u.

**Maaloo imaammata dhukkubaa sagantaa kunuunsa daa'immanii keessanii hordofaa.**

---


**Wabiiwwan:**

American Academy of Pediatrics

- *Caring for our Children, Chapter 3 Health Promotion and Protection, 3.6 Management of Illness, 3.6.1 Inclusion/Exclusion Due to Illness*
- *Caring for our Children, Chapter 7 Infectious Diseases, 7.5 Skin and Mucous Membrane Infections, 7.5.7 Molluscum Contagiosum*
- *Managing Infectious Diseases in Child Care and Schools, 5th Edition. Page 127*

Centers of Disease Control & Prevention

- *Molluscum Contagiosum website https://statics.teams.cdn.office.net/evergreen-assets/safelinks/1/atp-safelinks.html*

Child Care Health Program – Public Health Seattle & King County

- *https://kingcounty.gov/depts/health/child-teen-health/child-care-health/disease-prevention.aspx. Disease Prevention Website*